ABCON – Research & Consulting
Social, marketing & opinion researchers

AFRO BAROMETER
Let the people have a say

Addis Ababa, Ethiopia
30 October 2020

Ibsa Gaazexeessummaa

Lammiileen Itoophiyaa daran heddumatan dimokiraasii deeggaru, mootummaa dirqamasaa bahatus fedhu.

Qorannoo haaraan Afrobaaroomeetir taasise akka addeessetti, Lammiileen Itoophiyaa harki caalu dimokiraasii kan deeggaranii fi sirna dimokiraatawaa hin taane; kan akka bulchiinsa paartii qeenxee, sirna bulchiinsaa qaama hidhateen adeemsifamuu fi bulchiinsa nam-tokkee hin fedhan.

Lammileen Itoophiyaa harki caalu mootummaa dirqama itti kenname baatu, muummicha ministiraa mana maree uummataan hordofamuu fi deebii quubsaa laatuf, akkasumas qondaaltotni filataman fedhii qaama bakka isaan buufatee hubannoo keessa galchuun dirqama isaanii kan bahatan akka ta'an fedhu.

Dabalataanis qoranichi akka ifoomsetti harki walakkaan lammiilee Itoophiyaa biyya isaanii kan ilaalan gariin akka biyya sirna dimokiraasii rakkoolee bu'uuraa qabaniin bultuu yoo ta'u; kan hafan ammo sirnumti dimokiraasiiyyuu hin jiru jedhanii amanu. Ammas lammiileen Itoophiyaa harki walakkaa ol akkaataa sirni dimokiraasii biyyattii keessatti hojiitti hiikamaa jirurratti gammachuu (ittiquufiinsa) akka hin qabne dubbatu.

Bu'aawwan ijoo qoranichaa

- Lammiileen Itoophiyaa haalan heddumatan (90%) sirna bulchiinsaa kam caalayyuu dimokiraasii fedhu. Haaluma wal-fakkaatuun, harki guddaan Itoophiyaanotaa sirnoota bulchiinsaa dimokiraatawaa hin taane: kan akka bulchiinsa paartii qeenxee (77%), sirna bulchiinsaa qaama hidhateen adeemsifamuu (76%) fi bulchiinsa nam-tokkee (84%) hin fedhan (Fakkii 1).
- Lammileen Itoophiyaa harka 2/3ffaan (65%) mootummaa waan fedhe ofiin hojjatu caala kan itti-gaafatamnisaa lammiileef ta'e barbaadu (Fakkii 2).
- Lammilee Itoophiyaa 10 keessaa 7 isaanii (69) muummicha ministiraa hojiisaarratti mana mareef deebii quubsaa laatu barbaadu (Fakkii 3).
- Akkasumas namoota qorannoo kanarratti hirmaatanii deebii laatan keessaa harki 4/5ffaan (79%) isaanii qondaaltotni filataman dirqama qaamni isaan filate itti kennee fi waan lammiileen barbaadan akka hojjatan fedhu(Fakkii 4).
- Harki walakkaan (50) lammiilee Itoophiyaa biyya isaanii kan ilaalan gariin akka biyya sirna dimokiraasii rakkoolee bu'uuraa qabaniin bultuu yoo ta'u kan hafan ammo sirnumti dimokiraasiiyyuu hin jiru jedhanii amanu (Fakkii 5).
- Lammiileen Itoophiyaa harki walakkaadhaa ol (54%) ammoo akkaatuma sirni dimokiraasii biyyattii keessatti hojiitti hiikamaa jirurrattilee gammachuu akka hin qabne dubbatu.

Copyright ©Afrobarometer 2020

Qorannoo Afroobaaroomeetir

Afroobaaroomeetir dhaabbata qorannoo paan-Afrikaa neetworkii dantaa paartii hin qabne, muuxannoo Afrikaa fi gamaagama sirna dimokiraasii, bulchiinsaa fi sadarkaa jireenya isaaniirratti ragaa qabatamaa kan dhiheessudha. Dhaabbatichi akka lakkaawwii awuroppaatti bara1999 fi 2018 gidduutti marsaa qorannoo (survey) torba biyyoota 38 keessatti xumureera. Bara 2019/2020 keessa qorannoo marsaa 8ffaa yoo xiqqaate biyyoota 35 keessatti raawwachuuf karoorfate. Dhaabbatichi adeemsa qorannoo isaa keessatti gaaffi fi deebii kallattiin hirmaattota (gaafatamtoota) argachuun afaan isaan danda'aniin yommuu gaafatu akkaataa biyya bakka bu'uu danda'uun raawwata.

Gareen Afroobaaroomeetir Itoophiyaa keessatti dhaabbata "Freedom House" n deeggaramee, dhaabbata qorannoofi gorsaa ABCON jedhamuun durfamee Mudde 2019 fi Amajii 2020 keessa lammiilee Itoophiyaa 2,400f gaaffii fi deebii dhiheesseera. Bakka buutota qorannoo (Sample) Kanaa sadarkaa biyya bakka bu'aniin kan filamanii gaafatamaniifi bu'aan qoranichaa carraan dogongora ta'uusaa dhibbeentaa +/-2 qofa yoo ta'u, 95% bu'aan qoranichaa haqummaa kan qabuudha. Kana dura Itoophiyaa keessatti qorannoon kan adeemsifame bara 2013 keessa ture.

Chaartii

Fakkii 1: Sirni bulchiinsa Itoophiyaa akkam ta'uu qaba? Biyyattiin mootummaa akkamii qabaachuu qabdi? | Ethiopia | 2020



Gaaffilee hirmaattonni qoranichaa gaafataman:
Himoota armaan gadii keessaa kan yaada keessaniin walitti dhiyaatu kami? (Hima tokkoffaaratti kanneen walii galan dhibbeentaan (%))

- *Hima 1ffaa: Dimokiraasiin mootummuma kamiifuu filatamaadha.*
- *Hima 2ffaa: haalota muraasa keessatti mootummaan dimokiraatawaa hin taane filatamaadha.*
- *Hima 3ffaa: Namoota akka kootiif, mootummaa akka fedheeyyuu qabaannu homaa jechuu miti.*

Copyright ©Afrobarometer 2020

Biyya bulchuuf karaa hedduutu jiru. Filannoowwan armaan gadii akkamiin ilaaltu? Sirriimoo fafa jettu?

- *Paartiin siyaasaa tokko qofti filannoorratti hirmaatee mo'achuun akka bulchuuf eyyamuu.*
- *Qaamni hidhate (Raayyaan Ittisa Biyyaa) gara biyya bulchuutti fiduu.*
- *Filannoo fi manni maree bakka bu'oota uummataa yeroonsaanii akka xumuramu gochuun muummichi ministiraa biyya bulchuu biyya akka bulchu eyyamuu.*

(Dhibbeentaa (%) namoota yaadota dhiyaatan "morman" yookin "sirritti morman (fashaleessan)"

Fakkii 2: Itti-gaafatamummaa Mootummaa fi Gahumsa Raawwii | Ethiopia | 2020



Gaaffilee hirmaattonni qoranichaa gaafataman:

Himoota armaan gadii keessaa kamtu isinitti dhiyaata?

- *Hima 1ffaa: Dhiibbaan keenyallee itti dabalamuu baatus, mootummaa waan hunda ofiin beekee hojjatu qabaachuun faayidaa qaba.*
- *Hima 2ffaa: Murteen mootummaan fudhatu saffisuu baatuyyuu, lammiileen mootummaa isaanif ajajamuufi isaaniin durfamu qabachuun gaaridha.*

Figure 3: Fakkii 3: walbira qabaa Muummicha Ministiraa Mana Maree Bakka bu'oota Uummataatin hordofamuu fi ofiin waa raawwachuuf bilisa ta'uu. | Ethiopia | 2020



Copyright ©Afrobarometer 2020

Gaaffilee hirmaattonni qoranichaa gaafataman: *Himoota armaan gadii keessaa kamtu yaada keessanitti dhiyaata?*

- *Hima 1ffaa: Manni maree bakka bu'oota uummataa muummichi ministiraa maallaqa kaffaltoota gibiraa irraa walitti qabamu akkamiin akka baasu irratti dhaabbidhaan ibsa kennuusaa mirkaneeffachuu qaba.*
- *Hima 2ffaa: Muummichi Ministiraa waan hojjatanirratti ibsa kennaatuma yeroosaanii gubuurra xiyyeeffannoo hunda gara hojiilee biyya misoomsaniitti garagarchuun hojjachuu qabu.*

Fakkii 4: Qondaaltonni filataman waan namoonni isaan filatan fedhan hojjachuu qabumoo yaada dhuunfaa mataasaanii hordofuu qabu | Ethiopia | 2020



Gaaffilee hirmaattonni qoranichaa gaafataman:
Himoota armaan gadii keessaa kamtu yaada keessanitti dhiyaata?

- *Hima 1ffaa: Bakka buutonni (qondaaltonni) nuti filanne fedhii namoota bakka isaan buusanii giddugala godhachuun hojjachuu qabu.*
- *Hima 2ffaa: hoggantoonni filataman yaada mataasaaniin waan biyyaaf bayeessa jedhanii amanan hojjachuu qabu.*

Fakkii 5: Sadarkaa Dimokiraasummaa | Ethiopia | 2020



Gaaffilee hirmaattonni qoranichaa gaafataman: *Akka yaada keessaniitti, yeroo ammaatti Itoophiyaan hagam dimokiratawaadha?*

Copyright ©Afrobarometer 2020

Fakkii 6: Itti Quufiinsa Sirna Dimokiraasii | Ethiopia | 2020



Gaaffilee hirmaattonni qoranichaa gaafataman: Akka waliigalaatti, akkaataafi adeemsa dimokirasiin Itoophiyaa keessatti hojiirra oolaa yookiin itti hiikamaa jirurratti hagam itti gammadan?

Odeeffannoo dabalataaf filannoowwan armaan gadiin nu argachuu dandeessu:

Mulu Teka
National Investigator
ABCON – Research & Consulting
Tel +251 973 077 414, +251 115 531 470, +251 115 521 696, +251 115 537 061
mulu.mtg@gmail.com / info@abconltd.et
Addis Ababa, Ethiopia

www.afrobarometer.org **fi** www.abconltd.et **irratti karaa 'Online' nu daawwadhaa.**

#VoicesAfrica irratti ammoo ibsoota adda adda gadhiifnu hordofaa.

/Afrobarometer @Afrobarometer Afrobarometer

Copyright ©Afrobarometer 2020